

## **Kanneen ‘Haqa’, ‘Bilisummaa’ fi ‘Demokraasii’f Qabsoofna Ofiin Jedhan Dursa Hiikaa Maqoota Kanaa Waliin Haa Araaraman!**

‘*Haqa*’, ‘*Bilisummaa*’ fi ‘*Demokraasii*’ jechuun maqoota gaggaarii dha. Maqootni kabajamoo fi eebbifamoon kun garuu kanneen kaayyoo faallaa maqoota kanaa qabatanii soso’an tokko tokkoon irra ejjetamanii yoo buruqfaman argaas, dhagahaas jirra. Murnoota siyaasaa tokkummaa Itoophiyaa tiksuf dhaabbanne ofiin jedhan keessaa tokko tokko maqoota eebbifamoo kana of moggaasanii duula farra haqaa, farra bilisummaa fi farra demokraasiitti bobba’aniiru. Kanneen akkasii kun, hawwiin isaanii gonkumaa waan dhugoomuufii hin dandeenyef jecha maqaa tokko qabatanii bara baraan laphee ummataa keessatti ititanii jiraachuus hin danda’ani. Akkuma faranjoonni ‘*An empty barrel makes the most sound*’ (Barmeelli duwwaan sagalee guddaa uuma) jedhan, ofumaaf arraba dheeratu malee duubbeen isaanii duwwaa dha. Kun ammoo mallatoodhuma dhaabota deeggarsa ummataa bal’aa of duubaa hin qabnee fi mirga ummatootaafis iddo malu hin kenninee ti.

Addi Bilisummaa Oromoo humnoota kaleessas har’as mirga ummatootaa ukkaamsuu hawwan akkasii wajjin yeroo isaa qisaasee qoccolloo waan seenuu hin qabu. Hogguu isaan ummata Oromoo fi sabboonummaa Oromummaa irratti xiyyeefatanii duuluuf aggaammatan garuu callisee isaan hin laalu. Warra hojii haaraa baaseef kanatti dhugaa jirtu himuuf yeroo fi humna qisaafamutti gaddatuma, haqa haalamuu hin dandeenyee gabaabsee yaadachiisuu dirqama. Addi Bilisummaa Oromoo maqaa ‘*Bilisummaa Oromoo*’ jedhu qabatee saba isaaf qabsaawuun cubbuu miti. Warri maqaa ‘*Bilisummaa*’ jedhuun of waamaa maaf bilisummaa keef qabsoofta jechuu barbaadan dura surrii isaanii waliin haa araaramani. Kaayyoon ABOn qabsaawuuf ‘bilisummaa’ ittiin nagadaa akka kan isaanii osoo hin taane, ‘*bilisummaa*’ dhugaa tahuu haa hubatani. Kaayyoon ABO hawwii bilisummaa ti, hawwii haqaa ti, hawwii demokraasii ti.

Warri maqoota *haqa*, *bilisummaa* fi *demokraasii* jedhaman sobaan moggaafatee ummatoota gowwoomsuu yaalu garuu dhugaan kun hin liqimfamuuf. Oromoont sabummaadhaan jaaramee akka of ittisu kan dirqisiise yakkaa fi daba abbootii isaanii durii tahuun hin galuuf. Kanneen amma maqaa ‘*Haqa*’, ‘*Bilisummaa*’ fi ‘*Demokraasii*’ jedhu moggaafatanii of ijaaran hoggananii fi bakka furtuu qabatanii ABO fi QBO irratti duula banan kun, kanaan duras Wayyaanee fi dhaaba Wayyaanee EPRDF keessa turanii kan ABO irratti duulaa bahan tahuu seenaa isaanii as dhihoo tu ragaa dha. Gaafa sirnicha keessa turanis diinummaa ABO irratti oofaa bahan amma ammoo maqaalee ‘*Haqa*’, ‘*Bilisummaa*’ fi ‘*Demokraasii*’ jedhu moggaafatanii akka mormituutti as bahan malee jijiirraan ejjennoo fi ilaalcha siyaasaa hin jiru.

Har’ a sabboonummaan Oromummaa dagaagee sadarkaa duubatti hin deebifamne irra gahuu tu warra kana irriba dhowwataa jira. Oromoont kana booda humna ardii irraa kamiifuu kan hin sarminee fi eenyuunu jalatti bitamuu kan hin eehamne tahuun mirkanaawuu tu abdii kutannaadhaan isaan maraachaa jira. Mootummaa aangoo irra jiru jechootaan kan haleelaa jiran of fakkeessanii ‘*zerenyaa*’, ‘*goosenyaa*’ jechuudhaan

Oromoo arrabsuunis aarii abdii kutannaan kana irraa madda. Sabummaa fi gosummaa gidduu garaagarummaa jiru illee adda baafatanii hubachuu hin danda'ani, yookiis hubachuu hin hin fedhani. Akka waan sabummaadhaan jaaramuu Wayyaanee booda jalqabameetti kan sabummaadhaan jaaramu hundaa Wayyaanee wajjin walitti qabanii yakku. Ofii isaaniif kal'oo maqaa 'Itoophiyummaa' ofitti aguuganii ol'aantummaa saba tokkichaaf kan caraanaa jiran tahuun osoma dirreetti beekamuu, warra akka isaaniitti kal'oo ofitti maruu dhiisee eenyummaa isaa ifatti labsatee mirga isaaf falmatuun 'zarenyaa' jedhu. 'Zarenyaa'n irra hamaan isaanuma akka tahe osoo ifatti beekamuu kan biraatti quba qabu. Qabsoon keenya sirna 'zarenyummaa' Wayyaanee buqqisuu dha yeroo jedhan, Wayyaanee qofa baananii odoo hin taane, 'dhagaa tokkoon shinbira lama' dhawuuf akka dhama'aa jiran kan itti dammaqame isaanitti hin fakkaatu.

Kanneen maqaa '*haqa*', *bilisummaa*' fi '*demokraasii*' ofitti maxxansanii ummatoota Itoophiyaa fi hawaasa addunyaa ittiin gowwoomsuu yaalan kunii fi Oromoo dabalatee saboonti biyyattii biroon mul'anni qaban dugdaa fi garaa dha. Isaan Itoophiyaa sabummaa ummatootaa hin fudhanne, kan ol'aantummaan saba tokkoo qofti bifaa tooftawaadhaan keessatti haaromfamee itti fufu jiraachisuu barbaadu. Oromoonti akka Oromootti, Ogaadeen akka Ogaadeenitti, Sidaamaan akka Sidaamaatti, Tigiraay akka Tigiraayitti fi saboonti biroonis akkuma eenyummaa isaaniitti jaaramanii ofiin of bulchuu kan jedhamu jara kana biratti gonkumaa kan yaadamuu miti. Kanaaf jecha mirga hiree murteeffannaa ummatootaa kan gatiin dhiigaa itti kafalamee fi har'as itti kafalamaa jiru haquudhaaf marxfatanii socho'aa jiru. Hanga yeroo dhihootti mirga ummatootaa hanga tokko kan fudhatan of fakkeessanii 'arrab dammee, garaan xannee' tahuudhaan ilmaan sabootaa fayyaaleyyii tokko tokko garaa hiruuf yaalii godhan illee itti hin milkoofne. Borus adeemsa kanaan gonkumaa milkaawuuf akka hin jirre hiree kanaan itti himna. Adeemsa haxxummaa kan '*har'as ana tu siif beeka*' jedhu kanaan farrummaa isaanii ifatti labsanii jiru waan taheef, kan duraan gowwoomfamee garaa hireefii tureyyuu har'a irraa of fageessaa jiraachuun ifaa dha.

Warri faallaa moggaasa maqaa isaanii akka ta'an mirkaneessaa jiran kun, har'a eenyummaa isaanii isuma dhugaa nutti himuuf dirqamaa jiru. Yaada walii isaatiin wal mormuu of hidhanii ummatootas afan faajessuu hawwu. Warra akka ABO kan akeeka isaanii kana tolchee beekuu irraa isaan dura dhaabbatu yoo balaaleffatan, '*eenyummaa keenya osoo hin barre nu yakkitu, xirraaz nexxeq*' ittiin jedhu. Eenyummaan isaanii garuu ifa galaa dha. Mirga hiree murteeffannaa abadan hin fudhannu jedhu. Referendomiidhaan hiree ofii murteeffachuun haa turuutii, sirna federaalummaa kan sabummaa irratti hundaaweyyuu ni dadhabamsiifna jechaa jiru. Alaabaa takkittii sirna duraanii malee alaabaalee eenyummaa ummatootaa ibsan hin beeknu, afaan hojji ilaachisee Amaariffa cinaatti Afan Oromoo dabaluu waan jedhamuun of gowwoomsuus hin barbaannu kan jedhuu fi tarkaanfiilee farra ummatootaa kan biroo fudhachuuuf karoora qabaachuun isaanii soba miti. Kun lafumaa ka'amee jette jetteedhaan maqaa isaan balleessuuf kan dubbatamu yookiin akka jecha isaaniitti '*xirraaz nexxeq*' osoo hin taane ragaa gahaa qaba. Kan biraan hafnaan miseensotni hoggana isaanii ol'aanoon akeeka jedhame kana dirree bahanii yoo labsatan galmeeffameera. Kana caalaa ragaa biraan fiduun barbaachisaas hin fakkaatu. Gabaabumatti kaayyoo jaaramtaniif dhiisaatii of diigaatii koottaa nu jalatti bulaa dha kan jechaa jiran.

Addi Bilisummaa Oromoo fi sabboontonni Oromoo akka isaan jedhanitti ekeraa abbootii jara kanaa waliin miti kan qabsootti jiran. ‘Hidhamtoota seenaa’ yookiis akka jecha isaaniitti ‘ye taariik isrenyoochi’ jedhamunis hin malleef. Warri har’ a maqaa *haqaa*, *bilisummaa fi deomokraasiitiin* sobu madaa kaleessa abbootiin teenya isin madeessite irraanfadhaatii usaa bitamaa jechaa jiru. Kana jechuun Yuhuudotaan fixiinsa gaafa *Holocaust* irraanfadhaa *Nazy* jalatti bulaa jechuu irraa addummaa hin qabu. Akkuma warri Yuhuudotaa Dhumaatii Holocaust gaddaan yaadachaa jiraatan, Ummanni Oromoo kan kallachummaa ABOTin mirga isaaf falmachaa jirus lammilee isaa miiliyonota kan weerartoota biyya isaa cabsaniin fixaman akka itti dagatu hin qabaatu. Akkuma ummata kamiittuu madaa bittoonni kaleessaa isa madeessan gonkumaa dagachuu hin danda’u. Yoo kan isaaniif galu tahe har’as borus kana gadi jabeessinee itti himna. Akkas jechuun garuu ummanni Oromoo haluu bahachuu barbaada, akka seera Hamuraabiitti kan kaleessa ija isaa baqse har’ a ija baqsee ijaa bahachuuf karoora qaba jechuu miti. Kan kaleessa isa madeesse sun har’ a lubbuun hin jiru, ekeraa dha. Qabsoon bilisummaa Oromoo ekeraa yakkamtoota kaleessaa ciisaa kaasee loluu irratti kan xiyeeffate miti. Ekeraan seera ekerummaa cabsuun ilmaan isaa keessaan as bahee madaa dabalataa uumuuf yoo eeboo qarfatu garuu Oromoorn callisee of irratti hin laalu.

Kanneen har’ a maqaa kukkuulamoo ‘*Haqa*’, ‘*Bilisummaa*’ fi ‘*Demokraasii*’ jedhan jala gugatanii mirga sabummaa Oromoo fi saboota biroo buruqsuuf tirtiraa jiran ilmaan ekeroota sanii tahuun mataa isaatti yakka miti. Kan yakkamtummaa isaanii ibsu, akeekaa fi dalagaan jaraa mul’ata ekeroota isaanii dhugoomsuuf kan akeekkate tahuu isaa ti. Ekeraa abbootii isaanii bakka bu’anii yuusaa jiru malee, badii abbootii isanii durii garaa irraa balaaleffatanii araara buusuuf yaada hin qabani. ‘Dhugumatti kan dur tahe sun yakka tureetii abbootii keenyaaf dhiifama godhaa, kaleessatti gaabbinee boruun wal haa kiifnuu’ miti kan jechaa jiran. Faallaa kanaan isaanitti caalee tu, ekeraa abbootii teenyaan maaliif jeeqxu, biyya dhiigaa fi lafee abbootii teenyaan jaaramte irratti maaliif gaaffii dhiheessitu, kaayyoo keessan dhiiftanii afaan qabattanii maaliif nu jalatti hin bultan jechuudhaan ekeraa abbootii isaaniitti lubbuu afuufuuf dhama’aa jiru.

Kanneen akkasitti yaadan kanaan waan gabaabaa tokko jenna. Ummata Oromoos tahee Addi Bilisummaa Oromoo egeree boruuf yeroo yaadan kaleessa irra dhaabbanii ti. Kaleessi bu’uura har’aa ti; har’is bu’uura boruu ti. Kun seera uumaa ti. Seera murni farra mirga ummatootaa tahe tokko lafumaa utaalee ka’ee jijiiruu danda’uu miti. Waa’ee kaleessaa dhiifnee waa’ee boruu qofa haa yaadnu jechuun kan danda’amu, summiin yakka kaleessaa irraa dhimmisu ilillii abdii boruu irratti coccophee kan hin faalle tahuun isaa haala mirkanaawe keessatti qofa! Haalli kunis kan mirkanaawu hiree murteeffannaa ummatootaa dhugoomsuu qofaani. Farroonni mirga ummatootaa ammoo kana hin fudhatani. Ummatoota irraa, keessumattuu, ummata Oromoo isa wayyabicha irraa sodaa guddaa qabu waan taheef, yoo hireen akkasii dhihaate Oromoorn biyya mataa isaa jaarrachuun waan hin oollee dha jedhanii tu dunuunfatanii mirga kana mormu. Afaanuma kanaan ammoo as deebi’anii tu, ‘ummata Oromoo keessaa hangi ABO deeggaru xiqqaa dha’ jedhanii of gowwoomsuu yaalu. Duuba ummata Oromoo keessaa hangi ABO deeggaru yoo xiqqaa tahe maaliif mirga hiree murteeffannaa ABOn qabatee soso’u

sodaattu ree? gaaffii jedhuuf ammoo deebisaa hin qabani. Arraba lamaan dhagaa cabsuuf ifaaju.

Addi Bilisummaa Oromoo kaleessa kaayyoo isaa akkuma qabatetti garaa bal'atee humnoota maqaa tokkummaa Itoophiyaatiin deeman garii wajjin gaafa Tumsa Bilisummaa fi Demokraasii (AFD) jaaru hafuurri ture hafuura madaa durii dhiinsuu yaalu tokko ture. Hafuura belbeltummaa gaaffii Oromoo fi kan ummatoota biroof gurra kenne tu ture. Kana waan taheef Tumsichi mooraa QBO fi kan warra kaanii keessattis deeggarsa bal'aa akka argatee ture hin dagatamu. Adeemsi har'a kasaartota siyaasaa kanaan itti jiramu garuu madaa ummataa waldhaanee dhiinsuu mannaa haanxaadhaan horfee dhiigsuu akka filate hubatamaa dha. Waltajjii maree fi walitti dhiheenyaa bal'isuu mannaa dhiphisee fedhii isaanii qofa keessumsiisuuf bakka kan hambise tahuun ifaa dha. Haala akkasii keessatti waliin hojjechuu fi waliin deemuu kan jedhamu gonkumaa hin yaadamu. Bu'aan adeemsa jal'inaa akkasiitiin argamu yoo jiraate balaa suukaneessaa fi kasaaraa siyaasaa qofa. Kanaaf ammoo kan gatii baasuuf taa'u warruma yakka abbootii isaanii kaleessaa haaromsuuf boorataa jiru ta'a. Maqoota '*Haqa*', '*Bilisummaa*' fi '*Deemokraasii*' jedhaman fannifatuun qofti qabsaayaa haqaa, bilisummaa fi demokraasii nama hin taasiftu. Jeedaloon kal'oo hoolaa uffateef hoolaa tahuu hin danda'u. Dura dursoo hiikkaa maqaalee kabajamoo kanaa waliin araaramuu tu fardii taha jenna!

### **Infoo Deskii ABO**